Social Development Direct

UKaid from the British people

## Qajeelfama Yaadannoo DFID Hojjettootaa DFID fi Qaamota Isaan waliin Hojjetaniif:

## Wayita Weerara COVID-19tti Sagantaalee DFID waliin wal-qabatee Tarkaanfiilee Miidhaa fi Roorroo Koorniyaa Ittisuu

**Yeroowwan weerarootaa darban keessatti tarkaanifiileen ittisa balaa dabalanii jiran. .** Dubartootnii fi shamarran miidhaa gara garaa kan Koornayarratti hundaawef keessaahuu karaa namoota isaanitti dhiyaataniin midhaafi hubaatiin saalaa irratti raawwatamuuf carraa guddaa akka qaban mirkanaa'ee jira.

Ittisa Iboolaatiin wal qabatee, inni hirmaattota haaraa hirmaachise dabalaa adeemuu SEAH tiif haala itti hin yaadaminin akka sochii eegalu haala uumee jira.

Daddarbiinsi weerara COVID-19 gita Idila-Addunyaa fi sadarkaa adda ta'eenii dha, kanaaf yaaliin tarkaanifileen ittisa SEAH ilaalchisee taasifamu akka filannootti osoo hin taanee, lubbuu oolchuu ta'uun isaa murteessaa dha, akkasumas kun dhimma SEAHtiif immoo tooftaa itti gaafatamummaa cimsuu fi gargaarsa taasifamu keessatti mul'ata.

**Qaamoleen akka qaama ittisaatti tumsaman kanneen akka fayyaa, kanneen gargaarsa namoomaa irratti hojjetan, ittisa hawaasaa, barnootaa fi bu'uuraaleen misoomaa dabalaa adeemuu miidhaa SEAHtii fi** dursanii mirkaneessuu keessatti kanneen xiyyeeffannoo cimaa barbaadanii fi ittisa qindaa'aa ta'eef qaamota wiirtuu dha.

Wayita dhukkuba daddarbaa COVID-19 kanatti DFID iin sadarkaa SEAH gita Idila-addunyaatti tumsuu fi itti fayyadama akka malee SEAH ilaalchisee obsa qabaachuu hin qabu (hin danda'u).

**Ragaan eenyutu SEAH dhaaf irra caalaatti saaxilama kan jedhu ammayyuu ifaa miti, garuu rakkoo koorniyaa waliin wal-qabate ta'uudhaan dubartootnii fi shamarran, dardara irra caalaatti miidhamoo akka ta'an argisiisa. Akkasumas ragaaleen osoo hin mirkanaa'in jiranis qaamoleen kanneen akka namoota qaama-miidhamtootaa, namoota dadhaboo, fi ijoollotas dabalatee miidhaa ol-aanaa irra akka jiran argisiisa.**

Kanaaf, tarsiimoon ittisa SEAH haala xiinxala saalaa fi hawaasaa of-keessatti hammate irratti kan hundaa'eedha jechuudhaaf ulfaataa dha. Kun immoo hojjettootni DFID fi qaamoleen isa waliin hojjetan wayita dhukkuba daddarbaa COVID-19 kanatti eenyutu caalaatti miidhamaadha, maalii fi akkamittiin caalaatti miidhamuu akka danda'an, akkasumas ittisa SEAH keessatti tarkaanfilee fudhatamuu qaban hubachuuf isaan dandeessisa. Keessumaayyuu, **hojjettootni sagantaalee garaa garaa irra hojjetan bakkeen namootni wal-qixxummaatti ilaalamuu dhabuudhaan caalaatti SEAHn miidhaman**, fakkeenyaaf dubartoota mooraa qubattootaa keessa jiraatan kanneen akka dubartii akka dhiiraatti of lakkaawanii fi hojjettoota qaama-hir'uu ta'an biyya tokko keessa jiraatanii irratti xiyyeeffannaa kennuun barbaachisaa dha.

### Kanneen wayita COVID-19 SEAHn irra caalaatti miidhaman

- **Dubartootni,** iddoolee dhiirotni hojiidhaaf heddummaatanii itti argaman keessatti mudannoofi saaxilama SEAH sadarkaa olaanaa ta'e irratti argamu. Fakkeenyaaf, Afirikaa Lixaa keessatti wayita balaa Iboolaa, hojjettootni dhiiraa garaa garummaa aangoo fayyadamuudhaan humnaan dubartootaa fi dubara akka madda gargaarsaatti tajaajila saal-quunnamtii akka kennaniif godhaa akka turan gabaasni ni mul'isa. Dubartootni maatii bulchanii fi hiyyummaadhaan miidhamoo ta'an tarsiimoo gaarii mana keessa turuu isa ittiin haala sana mo'atan sana yeroo quunamtii-saalaa gurguratan gochuudhaan tarsiismoo sana gara miidhaatti geddarataniiru. Akkasumas dubartootni osuma seerri mana keessa turuu jiruu bakkee keessa asii fi achi naanna'uudhaaf dirqaman, harka naga eegdotaa warra seera dabsan ittisuudhaaf bobbaafamaniin irra caalaatti hubamoo dha.

- **Dubara, keessumaa kanneen umurii dargaggumaa irra jiran,** sababii saalaa fi umurii isaanii irraa kan ka'e caalaatti miidhama SEAH isa hamaa keessa jiru. Cufamuun manneen barnootaa fi dhiibbaan dinagdee COVID-19 waliin wal-qabatee jiru dubarri warri umurii dargaggummaa keessa jiran saal-quunnamtiidhaaf akka saaxilaman taasisee jira. Dubarri seeftii-neetii fi carraa gabaasaa argatan caalaatti miidhamoo dha. Dubarri daandii gubbaa jiraatanii fi hojjetan, akkasumas kanneen hir'ina qaamaa qabanii fi bakka biraatii dhufan addatti SEAHtiif irra caalaatti saaxilamoodha.
- **Ijoollee Dhiiraa,** isaan kunis sababii umurii isaanii irraa kan ka'e addumaan SEAHn hubamoo dha. Ijoolleen dhiiraa sababii guddistoota isaanii irraa adda ba'anii jiraniif (sababii yeroo dhukkubaa bakka addaatti eegamuun barbaachiseef, yookin dhukkuba hamaa/du'a) SEAHn irra caalaatti isaan irratti mudachuu danda'a. Cufamuun manneen barnootaas akkasuma addumaan kanneen midhama keessa jiran, kunis maatii daa'immaniin durfaman, ijoollee dhiiraa maatii irraa adda ba'uudhaan nama isaan hordofu hin qabne, ijoollee dhiiraa kanneen sababii walitti bu'iinsaan miidhaman yookaan mooraa qubattootaa keessa jiraatanii fi ijoollee dhiiraa daandii irra jiraatanii fi hojjetan saaphana nageenyaa isaanii akka hin arganneef dhiibbaa irratti fida.
- **Namoota qaama hir'uu ta'an,** addumaan dubartootni qaama hir'uu fi namootni hir'ina sammuu qaban sababii qoodiinsi (loogiin) bal'inaan isaan irratti taasifamuuf balaa SEAHtiif irra caalaatti saaxilamoo dha. Sababii barmaatilee hawaasaa irraa kan ka'e namootni qaama hir'uu ta'an hojii kaffaltii argachiisu irraa daangeffamu irraa kan ka'e hojii saal-quunnamtii akka madda galii godhachuu irratti hirkatu. Namootni qaama hir'uu ta'an warreen hir'ina qaamaa hin qabne waliin wayita wal-bira qabaman hojiin SEAH calaatti yeroo dheeraadhaaf isaan mudata. Kunis sababiin isaa hubannoo waa'ee gocha SEAH gabaasuu guddisuu keessatti irratti sirrittiin waan hin hirmaaneef, yoo taatee SEAH'f kan saaxilaman ta'es amantaan namootni isaan irraa qaban baay'ee gad aanaa dha.
- **Namoota gaa'ela saala wal-fakkaataatti amanan kan dubatiis kan dhiiraas, warreen saala lamaan itti amananii fi warreen saala dhalootaa isaaniitti hin amanne(LGBTQ+),** sababii moggeeffamuu karaa dinagdee, hawaasummaa, fi siyaasaa bal'inaan isaan mudatuutiif miidhaan hojii SEAHtiif saaxilamuu isaanii ol aanaa dha. Hojjettootni LGBTQ+ balaa hojii SEAHtiif saaxilamni isaanii ol aanaa dha.
- **Namoota balaa adda addaa kan amma jiruu fi dhufaa jiru keessa jiran, addumaan immoo warreen mooraa qubattootaa keessa jiran yookaan warreen miidhaa baqatanii adeeman,** addumaan SEAHtiif caalaatti miidhamoo dha. Kun sababii gargarsaaf caalaatti hojjettoota gargaarsaa irratti hirkachuu isaanii fi odeeffannoo waa'ee SEAH argachuudhaaf carraan isaanii xiqqaachuu irraa kan madduu dha.
- **Dubartoota kallattiidhaan kenniinsa tajaajilaa irra hojjetan (kanneen akka hojii fayyaa),** miidhaa bakka hojiitii ol aanaa ta'een hubamoo dha, kunis gocha SEAH karaa hidhata hojii isaanii, dhukkubsattootaa, fi maatii/firoota dhukkubasattootaatiin isaan irra ga'u kan dabalatuu dha. Kun immoo sababii yaaddoo karaa COVID-19tiin isaan mudatu, aangoo sirna bulchiinsa fayyaa keessa jiruu, fi meeshaalee of-eeggannoo dhuunfaa akka dhuunfaatti of-harkaa dhabuu(PPE) irraa kan ka'e cimaa kan adeemuu dha.

## Ittisa SEAH: Waktii weerara COVID-19 tiin Mala Ittisaa fi Deebii Kenninsaa Mirkaneessuu

**COVID-19 wanta haaraa ta'e SEAH irratti hin qabu yoo ta'eyyuu, sababii balaan SEAH sagantaalee isaanii keessatti ol ka'aa ta'eef haallotni amma jiran hojjettootni sagantaa irratti hojjetan xiyyeeffannaa addaa akka isaan taasisan isaan gaafata.** Rakkoo SEAH sagantaa isaanii keessa jiru ittisuudhaaf ulaagaa adeemsaa DFID akka isaan hordofaniif DFIDn hojjettoota isaa irraa ni fedha/eega. Isaan kunis, xiyyeeffannaa ol aanaa ta'e (bakka barbaachisaa ta'etti eegumsa daa'immanii xiyyeeffannaa qabu dabalatee) fi wixinee sagantaa qorannoo akkaataa koorniyaa fi hawaasa hammachiisu kan wayitaawaa tahe, saaxilama SEAH ilaalcha keessa galchuudhaan qophaa'etti fayyadamuu dha. Akkasumas Seera DFID isa 17 ittisa balaa hawaasaa sagantaa ariifachiisaa kan COVID-19 keessatti dhimma ba'uu fi gargaarsi jalqabaa erga raabsameen booda DDA guutamuu ni danda'a, garuu balaan firii/bu'aa sagantaa eegamu waliin akka wal-madaaluuf SROn sagantaa ofii isaaniitii ofii isaniitiif itti amanuu qabu.

Gabaasonni SEAH sagantaalee DFID waliin wal-qabatan hundi yeroodhaan gara reportingconcerns@dfid.gov.uk itti gabaafamuu qabu.

**Eegumsa ittisa SEAH deeggaruudhaaf, hojjettootni gita sagantaatti hojjetan kan gochuu qaban:**

- **Walitti fufiinsaan barbaachisummaa ittisaa fi deebii qaamota isaan waliin hojjetan hubachiisuudhaan SEAH maksuudhaaf sagantoolee isaanii keessatti hoggansa argisiisuu qabu.** DFIDn qaamoleen isa waliin

hojjetan balaan SEAH dabalaa akka jiruu fi karaa COVID-19 fooyya'iinsa barbaachisaa (hojjettoota yeroo dheeraa fi gabaabaa, akkasumas kanneen tumsa kennan addaan baasuu, seera ittiin bulmaataa mallatteessisiisuu fi hojjettoota hunda leenjisuu) taasisuudhaan raawwii tarkaanfiilee ittisaa dursisiisuu akka itti fufan mirkaneessuu qabu. Wayita haalli ol ka'uu fi hojjettoota yeroo gabaabaa qacaruullee, hojjettoota bobbaasuun dura ittisni SEAH calallii fi leenjii keessatti hammatamuun baay'ee murteessaa dha.

- **Qaamoleen tumsa kennan biyya, kana gochuun danda'amaa ta'e keessatti tooftaa ittisa SEA (PSEA) qindeessuu keessatti akka hirmaataniif tumsuu.** Hidhatni Eejansiin Idila-addunyaa Qindeessaa Gargaarsa Hawaasummaa UN tiin hoogganama/Qindeessaa biyyicha keessa jiraatu isa Qindeessaa PSEA tiin tumsamu. Bakka wantootni kun hojii irra hin oolinitti immoo, qaamolee tumsa kennanan hojjettoota kanneen biroo wajjin, fakkeenyaaf kanneen eegumsa daa'imaa yookaan GBV irratti hojjetan waliin akka isaan walitti dhufaniif tumsa gochuu qabu.
- **Baajatni sagantichaa ittisa SEAH dandeessisuu qaba.** Wayita sagantaan haaraan eegalutti, qorannoo balaa SEAH mudachaa jiru irratti taasifame bu'uureffachuudhaan ittisa SEAH tiif baajetni ramadamuu qaba. SEAHn ittifamaa fi akka barbaachisummaa isaatti deebii argachaa akka jiru mirkaneesuudhaaf, baajetni sagantaalee jiranii keessa deebi'amee serrachuu(Qabeenya yeroo sana harka irra jiru irratti hundaa'uudhaan) ni danda'a.

- **Balaawwan sagantaa SEAH adda baafachuu,** COVID-19 waliin wal qabatee balaa SEAH addumaan giddu-galeessa godhachuudhaan. Hojjettootni sagantaa irra hojjetan bakka balaan SEAH ol ka'aa ta'etti hojjettootni sagantaa irra jiran bakka garaa garummaan aangoo jirutti yaada isaanii calaqqisiisuu qabu. Balaa SEAHn fayyaa, hawaasummaa, ittisa hawaasaa, barnootaa, fi bu'uuraalee misoomaa keessatti qabu adda baafachuudhaaf xiyyeeffannaa addaa kennuu qabu, akkasumas hojjettootni sagantaa SEAHn kallattii fi al-kallattiidhaan akka geggeeffamuu danda'u hubachuu qabu. Bulchiinsaa fi raawwii sagantaa irratti gad fageenyaan itti adeemuudhaan, hojjettootni sagantaa irra jiran balaawwan haaraa ta'an kanneen rakkoo akka hojii dogoggoraa, namootni lubbuun jiran tajaajila akka argatan tumsuu, qorannoo geggeessuu adda baasuu fi uummata miidhaniif itti gaafatamummaa barbaachisaa ta'e mirkaneessuu akka hubatan. Hojjettootni sagantaa balaawwan akka kanaa maqsuudhaaf wixinee tarsiimoo, kanneen akka uummata bakka adda ta'ee keessa jiran bifa mijataa ta'e qopheessuudhaan quunnamuu, bakka barbaachisaa ta'etti qorannoo gad fagoodhaaf haala mijataa barbaaduu fi gareewwan mirga dubartootaaf falman waliin hojjechuu yookaan qaamolee biroo ammayyuu naannoo sanatti hojjechuu danda'an waliin hojjechuu.

**Gabaasaa fi Kenninsa deebii SEAH deeggaruudhaaf, hojjettoonni sagantichaa kan gochuu qaban:**

- **Warri isaan waliin hojjetan qaamotni hawaasaa waa'ee qajeelfama ittisaa attamittiin odeeffannoo sagantaawaa ta'e akka argachuu danda'a, rakkoo qaban attamittiin akka gabaasanii fi tajaajilala kana fakkaatan attamittiin argachuu akka danda'an ilaalacha keessa akka galchan mirkaneeffachuu (namoota qajeelfama idilawaa ta'e argachuudhaaf rakkoo qaban kanneen akka dubartootaa, dubaraa fi ijoollee dhiiraa, fi namoota qaama hir'uu ta'an).** Bakka addaan ba'e keessa jiraachuun namootni hedduun ergaawwanii fi tajaajila SEAH murteessoo ta'an akka hin arganneef ni daangessa. Hojjettootni sagantaa irra hojjetan qaamoleen isaan waliin hojjetan attamittiin tooftaa wal-quunnamtii jirutti akka fayyadaman tumsuu; tumsi taasifamu kunis kaffaltii kan hin qabne ta'uu isaa hubachiisuudhaan karaa moobaayilii fi raadiyoo dhimma isaanii akka gabaasan. Bakka itti fayyadamni teekinoolojii (IT) ulfaataa ta'etti qaamaan argamanii gabaasuun filatamaa ta'uu danda'a, kunis bakka dubartootnii fi dubarri bilbila hin argachuu hin dandeenyetti yookaan yoo dhimma gabaafamu amanuun isaa kan ulfaatu ta'eef. Wayita hojjettootni addumaan fageenya irra taa'anii hojjetanitti yoo namootni dhuunfaa tokko tokko chaanalota mul'ataa ta'anitti fayyadamuuf hin fedhan ta'eef, odeeffannoo afaanii dhaabbata keessaatti daddabarsuunis fudhatamuu ni danda'a.

- **Sagantoolee DFIDn gargaaraman hunda keessatti tumsi warra odeeffannoo daddabarsanii fi lubbuun hafanii jiraniif taasifamu adda durummaan itti fufuu qaba.** Warra SEAh irraa hafanii lubbuun jiran gargaaruudhaaf tajaajilli hojii irra jiru maalfaa akka ta'e adda baasuudhaaf DFIDn warri isa waliin hojjetan gita biyyaatti carraa jiru waliin akka wal argachuu dandada'aniif isaan jajjabeessuu qaba. Bakka UN qindeessitoota PSEA kaa'etti, tooftaan kun ni jajjabeeffama. Akkasumas, GBV fi tajaajilli tumsa eegumsa daa'imaa gargaarsa namummaa COVID-19 ittisuuf taasifamuuf akka ijootti fudhatamuu qaba, kunis warri SEAH irraa hafanii jiranii fi

akkasumas warri VAWG fi miidhaa daa'imaa irraa hafanii fi miidhaman. Bakka kenniinsi tajaajilaa amansiisaa ta'e hin jirretti, hojjettootni sagantaa warra SEAH irraa hafanii jiraniif tajaajila fooyya'aa ta'eef tumsa gochuudhaaf sagantaa isaanii keessa yookaan waajjira biyya isaanii keessa carraan yoo jiraateef ilaalcha keessa galchuu qabu.

- **Dhimmoonni ittisaa sagantaalee DFIDn tumsamuun wal qabatan hundi yeroodhaan gara teessoo [reportingconcerns@dfid.gov.uk](mailto:reportingconcerns@dfid.gov.uk) kanaatti gabaafamuu qabu akkasumas warri tumsa kennan gabaasa hunda gatii itti kennuudhaan warra lubbuun hafanii jiran waraabuu, qorachuu, fi tumsuudhaaf tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu isaanii mirkaneeffachuu qabu. warri lubbuun hafan nageenya akka hin arganneef gargaaruu dhiisuunii fi tajaajila lubbuu baraaruu yookaan qorannoo guyya guyyaa akka hin taasisneef seerri akka mana keessaa hin baane dhorkamuu itti qabata ta'uu hin danda'u. Yoo kan danda'amu ta'eef fageenya irra taa'uudhaan qorannaa tasisuun akka tarkaanfiin yerootti fudhatamuu ni taasisa. Gareen Qorannoo Ittisaa DFID gorsaa fi tumsa argachuudhaaf qophaa'oo dha**.

### Qajeelfama gadii-fagoo argachuudhaaf

**Wayita COVID-19tti Sagantaalee DFIDn Tumsaman keessatti Qajeelfama Ittisa irratti Kenname**
Fuula Ittisa DFID
IASC 2020 Interim Technical Note: Yeroo COVID-19'f Deebiin kennamutti Ittisa Saaxilamummaa fi miidhaa Saalaa (PSEA)- Hikkaa 1.0
IASC 2020 COVID-19: Namoota saaxilamanii fi balaadhaaf saaxilamoo ta'an qunnamtii balaa fi hirmaannaa hawaasaa keessatti akkamitti akka dabaluu dandeenyu .

### Ilaalchonni eegumsaan wal-qabatan karaa kanaan gabaafamuu qabu:

**+44 1355 843747**

**reportingconcerns@dfid.gov.uk**